

# Mana barmootaa sadarkaa duraa 2024f galmaa'u

Mana barmootaa eegaluun ijoolleef, warraa fi kunuunsitootaaf yeroo gammachuu ti. Hanga nuuf danda'ametti galmaa'un akka siif salphatuuf si gargaaruu barbaadna.

Akka *Seer-labsii Wayyeessoma Barmootaa fi Leenjii (Education and Training Reform Act) 2006* jalatti ibsametti Victoria keessatti mucaan kee mana barmootaa ollaa isaa jiru ('mana barmootaa naannoo' kee jirutti) baratuuf mirga ni qaba.

Akkasumas mana barmootaa naannoo kee hin jirre irraa bakka argatuuf gaafatuufis iyyata naqatuu dandeessa. Imaammata Bakkichaa (Placement Policy) irratti hundaawee manni barmootaas iyyata kee hubannoo keessa siif galcha. Imaammata Bakkichaa irratti odeeffannoo dabalata argachuuf fuula [Mana Barmootaatti galmeessamuu](#) jedhu ilaali.



## Tartiiba yeroo Buúra (Foundation) (Prep) mana barmootaa bakkayyuu (statewide)

Eeggalli mana barmootaa waggaa jalqabaa Buúra ykn Prep jedhama. Tartiiba yeroo itti galmeessama kan Buúr (Foudnation) mana barmootaa mootummaa Victoria tahanhundaa gadi lakkisnee jirra (fuula 3fa ilaali). Tartiibni yeroo yeroo mana barmootaa kan bara 2024 yoom fi akkamin akka itti galmessitu hubatuuf si gargaara.

## Mucaa kiyya waggaa jalqabaa eegala mana barmootaaf yoom itti galmeessa?

Mucaan kee waggaa mana barmootaa eegaluuf jedhu baatii Ebla (April) 30 dura umriin waggaa 5 guutuu qaba.

Ijoollee umriin isaanii waggaa 6 guutan mana barmootaa eegaluun dirqama.

Mana barmootaa mootummaa Victoria kan bara 2024 mucaa kee itti galmeessuuf iyyata kee baatii Adoolessaa (July) 28 bara 2023 dura naqatuu qabda.

## Mucaa kiyya waggaa jalqabaa eegala mana barmootaa akkamiin itti galmeessa?

Eegala mana barmootaa waggaa jalqabaa mucaa kee itti galmeessuuf tarkaanfilee itti aanankana fudhu:

1. Mar-sariitii (website) mana barmootaa kiyya barbaadi (Find my school) jedhu irra mana barmootaa naannoo kee jiru barbaadi (kan gadi jiru kana ilaali).
2. Mana barmootichaa ilaaluu fi akkamiin akka iyyata naqattu baruuf mana barmootaa mootummaa sana itti bilbilii baallama qabadhu.
3. Korboo (form) iyyatnaa itti galmeessama Buúra (Prep) [Itti galmeessama Buúra \(Prep\) Enrolling in Foundation \(Prep\)](#) (Ebla (April) 24 bara 2023 irraa qabee jira) gadi buusadhu.
4. Iyyata kee kan Buúra barmootaa (Foundation) **Jimaata Adoolessa (July) 28 bara 2023 dura naqadhu.**
5. Itti-baha iyyata kee **Jimaata Hagayya (August) 11 bara 2023 dura si beeksisu.** Yoo bakki siif qabame **Jimaata (Hagayya (August) 25 bara 2023 dura Friday 25 August 2023** fudhatuu kee itti himuu qabda.
6. Odeeffannoo akka itti galmeessanii fi yeroo cehumsaa irratti **Yeroo mana barmootaa 4fa (Term 4) bara 2023** keessa qooda irraa fudhadhu.
7. Mucaan kee Buúra (Foudnation) **Kibxata (Tuesday) Amajjii (January) 30 bara 2024 irraa eegala.**

## Mana barmootaa naannoo kiyya jiru akkamiin barbaada?

Mana barmootaa naannoo kee jiru marsariitii Mana barmootaa kiyya barbaadi (Find my school) jedhu gara gadii jiru kana irra ilaali:

1. Bakka itti barreessan keessatti [findmyschool.vic.gov.au](https://findmyschool.vic.gov.au) jechuun barreessi.
2. Bakka eegaluu teessoo kee galchi ('Enter your address to get started') jedhutti bakka jiraattu itti guuti
3. Bara galmee ('Enrolment year') 2024 jedhu tuqi. **Hubadhu:** godinaaleen mana barmootaa kan bara 2024 Yeroo mana barmootaa (Term) 1 bara 2023 irraa jalqabee ni jira.
4. Gosa mana barmootaa ('School type') jedhu jalaa Primary kan jedhu tuqi.

Sana booda kaartaan teessoo kee, mana barmootaa naannoo kee jiruu fi gama bitaa irraan akkamiin mana barmootaa akka qunnamtu si agarsiisa. Yoo gaduma ariite, manneen barmootaa shan naannoo keetti dhihoo jiran si agarsiisa.

Mana barmootaa barbaadi ('Search for school') jedhu jalas maqaa mana barmootaa soquu dandeessa.

## Mana barmootaa mootummaa kan kan naannoo kiyya [hin tahin](#) iyyata itti naqatuu nan danda'aa?

Eyyee, mana barmootaa naannoo kee hin jirre iyyata naqatuu ni dandeessa. Manni barmootaa Imaammata Bakka kennuu (Placement Policy) fi bakki jiraatuu irratti hundaawee iyyata kee siif ilaala. Akka itti iyyataaf dursi kennamu fuula Mana barmootaatti galmeessamuu ([Enrolling in school](#)) jedhu irra odeeffannoo barbaaduu dandeessa.

## Yoo iyyannaan ani naqadhe hin fudhatamne jedhu xalayaa argadheef akkam taha?

Mana barmootaa kan birootti mucaa kee galmeessuu qabda. Mucaan kee mana barmootaa naannoo kee jiran keessa bakka hin dhabdu. Bakka ati jiraattu irratti hundaawee manni barmootaa naannoo kee jiran mucaa keetiif bakka ni qaban. Mana barmootaa naannoo kee jiran adda baasatuuf [Mana barmootaa kiyya barbaadi \(Find my School\)](#) ilaali. Akkasumas fuulli [Mana barmootaatti galmeessuu\(Enrolling in school\)](#) jedhu mucaa kee itti galmeessuuf bakka jireenyaa adda baasatuuf gargaara.

Akkasumas murtii kenname dabartee iyyatuu dandeessa. Itti-baha iyyata galmeessamaa (enrolment application) keetii irratti komii yoo qabaatte fuulli [Buu'ra \(Prep\) mana barmootaa \(Enrolling in Foundation \(Prep\)\)](#) odeeffannoo ni qaba.

## Yeroo jedhame keessatti yoo an itti galmeessuu dhabe akkam taha?

Yeroo barmootaa 2ffa (Term 2) bara 2023 irraa eegaltee Bu'ura barmootaa (Foudnation) kan bara 2024 mucaa kee itti galmeessuuf yeroo kam illee iyyata kee naqatuu dandeessa.

Iyyaannaa hanga guyyaa Jimaataa Adoolessa (July) 28 bara 2023 akka naqattu si gaafannu illee maatiin yeroo jedhame kana keessatti galmeessuu hin dandeenye, kan bakka jireenyaa jijjiiratan ykn haaraya gara Victoria dhufan guyyaa jedhame kana boodas iyyatni isaanii ni fudhatama.

Imaammata Bakkichaa (Placement Policy) kan damee irratti hundaawee iyyatnaa ittiin galmeessamaa Adoolessa (July) 28 bara 2023 booda naqame yeroo naqama isaanii irratti hudaawee ilaalamu.

## Eegala mana barmootaatti galmeessuuf odeeffannoo dabalaa eessan argatuu dandaá?

Tartiiba galmeessama Bu"ura mana barmootaa irratti odeeffannoo dabalaa yoo barbaadde mana barmootaa sadarkaa duraa naannoo kee jiru gaafatuu dandeessa.

Fuula mar-sariitii (webpage) Yeroo Manni barmootaa itti eegalu baruuf Yeroo mana barmootaa 2fa (Term), 2023 irratti akkaataa tartiiba galmeessamaa kan Buúra mana barmootaa ([Enrolling in Foundation \(Prep\)](#)) odeeffannoo argatuu dandeessa.

Yoo odeeffannoo gara afaan keetti hiikame barbaadde mana barmootaa naannoo kee jiru gaafadhu.

## Gargaarsaaf eenyu qunnama?

Tartiiba itti galmeessamaa ilaalchisee gaaffii yoo qabaatte Qindeessaan Yeroo Cehumsaa, Qindaalli Galmees ykn Itti-mataan mana barmootaa mana barmootaa ati iyyata itti naqatuu barbaadduu si gargaaran.

## Sutee (links) barbaachisoo

Mucaan kee mana barmootaa sadarkaa duraa bara 2024 keessa kan eegaluuf odeessa barbaachisoo tahan takka takka gara gadii jiran kana ilaali.

Mana barmootaa kiyya barbaadi – [findmyschool.vic.gov.au](https://findmyschool.vic.gov.au)

Odeeffannoo zoonilee mana barmootaa – [vic.gov.au/school-zones](https://vic.gov.au/school-zones)

Buúra (Prep) itti galmeessuu – [vic.gov.au/enrolling-foundation-prep](https://vic.gov.au/enrolling-foundation-prep)

Mana barmootaatti galmeessamuu – [vic.gov.au/how-choose-school-and-enrol](https://vic.gov.au/how-choose-school-and-enrol)

Barmoota qaam-dhibama (Disability) fi hunda hammataa – [vic.gov.au/disability-and-inclusive-education](https://vic.gov.au/disability-and-inclusive-education)

Qunnamtii waajjira Kutaa biyyaa ykn baadiyaa (Regional office contacts) – [vic.gov.au/office-locations-department-education-and-training](https://vic.gov.au/office-locations-department-education-and-training)

# Bara 2023-24f yeroo kenname

Guyyoota bara 2023	Waan dalagamu
<b>Yeroo mana barmootaa 2fa (Term 2): Wixata (Monday) Ebla (April) 24 bara 2023 hanga Jimaata Wxabajjii (June) 23 bara 2023</b>	
<b>Yeroo mana barmootaa 1fa fi, 2fa (Terms 1 and 2) bara 2023</b>	Maatii bara 2024 keessa mucaa isaaniitiif Buúra barmootaa (Foundation (Prep)) itti galmeessuu fedhaniif mana barmootaa sadarkaa duraa doáchiisuu, odeeffannoo kennuuf fi wanneen raawataman hundaaf
<b>Eegala yeroo mana barmootaa (Term) 2 bara 2023 dura</b>	Godinaalee mana barmootaa waggaa mana barmootaa bara 2024 kallattiin <a href="https://findmyschool.vic.gov.au">findmyschool.vic.gov.au</a> Warra/kunuunseen mana barmootaa naannoo isaanii jiru kan bara 2024 ilaaluuf as <a href="https://findmyschool.vic.gov.au">findmyschool.vic.gov.au</a> ilaalu qabu Odeeffannoon galmeessamaa (Enrolment Information) kan Warraa/kunuunsee <a href="#">Enrolling in Foundation (Prep)</a> jedhu irra jira.
<b>Torbee 1, Yeroo mana barmootaa (Term) 2 bara 2023 irraa jalqabee</b>	Manneen barmootaa maatii fi hawaasa isaanii dhimmi ilaaluuf Odeeffannoo galmeessamaa hiruu malu
<b>Torbee 1, Yeroo mana barmootaa (Term) 2 bara 2023 irraa jalqabee</b>	<b>Iyyatnaa galmeessamaa fudhatuun eegalmees jira</b> – warri/kunuunseen tarii guyyaa kana irraa jalqabanii iyyata isaanii kan mana barmootaa mootummaatti galmeessuu naqatuu danda’an.
<b>Yeroo mana Barmootaa (Term) 3: Wixata (Monday) 10 Adoolessa (July) 2023 hanga Jimaata 15 Fulbaana (September) 2023</b>	
<b>Jimaata Adoolessa (July) 28 bara 2023 dura</b>	<b>Guyyaa iyyata galmeessamaa naqatuun cufamu</b> – warri/kunuunseen tarii guyyaa kana dura iyyata isaanii kan mana barmootaa mootummaatti galmeessuu naqatuu danda’a’n.
<b>Jimaata Hagayya (August) 11 bara 2023 dura</b>	Manni barmootaa sadarkaa duraa warra/kunuunsee itti baha iyyata galmeessama naqatanii Ajaja Dursa Keennuu Bakkaa (‘Priority Order of Placement’) kan Imaammata Bakka Kennuu (Placement Policy) damee jalatti ibsame irratti hundaawee xalayaadhaan beeksisu. Kunis tarii xalayaa galmeessama mirkaneessuu, xalayaa afeerraa ykn fudhatama dhabuu tahuu danda’a’a. Warr/kunuunseen xalayaan isaanii hin fudhataminiif mana barmootaa kan biroo filatanitti iyyannaa isaanii dabaranii naqatuu danda’u.
<b>Jimaata Hagayya (August) 25 bara 2023 dura</b>	Warri/kunuunseen xalayaan afeerraa ergamee guyyaa kana keessatti afeerricha fudhatuu qaban.
<b>Jimaata Hagayya (August) 25 bara 2023 dura</b>	<b>Guyyaa itti cufamu</b> warra/kunuunsee iyyatnaa kan biroo mana barmootaa filatanitti naqataniif.
<b>Jimaata Ful-baana (September) 15 bara 2023 dura</b>	Manni barmootaa warra/kunuunsee iyyata naqatan itti-baha iyyata isaanii guyyaa kana dura hunda isaanii beeksisu.
<b>Yeroo mana barmootaa (Term) 4: Wixata (Monday) Onkololessa (October) 2 bara 2023 hanga Roobii Mudde (December) 20 bara 2023</b>	
<b>Yeroo mana barmootaa (Term) 4, bara 2023</b>	Manni barmootaa sadarkaa duraa yeroo cehumsaa ilaalchisee ibsa ni kennan.

<p><b>Jimaata Onkololessa (October) 20 bara 2023 dura</b></p>	<p><b>Guyyaa itti cufamu</b> warra/kunuunsee iyyatnaa kan biroo mana barmootaa filatanitti naqataniif Qajeelcha Kutaa Biyyaa (Regional Director) mana barmootaa filatanitti iyyata kan biroo galchatuu dandaán</p>
<p><b>Jimaata, Sadaasa (November) 17 bara 2023 dura</b></p>	<p>Kutaan biyyaa (regions) warra/kunuunsee itti baha iyyata isaanii xalayaadhaan guyyaa kana dura Qajeelcha Kutaa Biyyaa irraa argatan, Kun iyyata guyyaa cufamuu dursee Jimataa 20 Onkololessa (October) bara 2023 dura naqame qofa ilaala.</p>